QABEENYA LAFA GAMMOOJJII 1: BARBAACHISUMMAA KAROORA QINDAA'E QOPHEESSUU

KAROORRI QINDAA'E MAALI?

Karoora seektaroota garaa garaa of keessaa qabu, hawaasa naannootii hanga biyyoolessatti, hojii baraarsa lubbuu fi misooma of keessaa qabu, akkasumas dubartoota dabalatee hawaasa naannoo irratti xiyyeeffatu dha.

QINDOOMINNI MAALIIF BARBAACHISE?

Naannoon Gammoojjii haala haawaasummaa, qabeenya umamaa naannoo fi dhimma diinagdeetiin kan walqabate dha

AKKAMIIN HOJJETAMUU DANDA'A?

- **Karoora hawaasa naannoo hirmaachisu beeksisuu**: Hawaasni naannoo dhimmoota xiyyeeffannoo argachuu qabanii fi karoora akka murtessan taasisuu.
- **Miseensota hawaasa naannoo rakkoof saaxilaman** fi fageenya irratt argaman hirmaachisuu.
- **Adeemsota karoora mootummaa deeggaruu,** keessattuu karoora itti fayyadama lafaa.
- **Karoora balaa qaqqabuu maluu fi jijjiirama qilleensa naannoo dabaluu.**
- **Karoorri bulchiinsotaa fi daangaalee naannoo akka cehan taasisuu** fkf. Lageen cehuun, haala qilleensaa fi mala jireenyaa.

QABEENYA LAFA GAMMOOJJII 2: BARBAACHISUMMAA KAROORA MISOOMMA BISHAANII QINDAA'E QOPHEESSUU

Qabiyyee Ijoo

- ◊ **Tajaajila adda addaa**(mana keessa, beeyladootaaf, midhaaniif) fi karoora daangaa lageenii.
- ◊ **Karoora lubbuu baraarsuu fi misoomaa qindaa'e.**
- ◊ **Dhiyeessa bishaanii nama hundaaf beeksisuu.**

AKKAMIIN HOJJETTAMUU DANDA'A?	◊ **Hawaasni naannoo abbummaan,** ittigaafatamummaa **fi iftoominaan akka bulchu mirkaneessuu.**
◊ **Hunda marisisu,** keessattuu **dubartoota,** iddoo, dizaayinaa fi bulchiinsa madda bishaanii irratti.	◊ Tekinolojii **sirrii fi bishaan qusatu beeksisuu**
◊ **Iddoo sirriitti qopheessuu:** fkn daandii gabaatti geessu fi karaa umanni ittiin godaanu irratti, yeroo bonnaa bakka beeyladoonni itti dheedan ta'u hin qabu.	◊ **Hayyuwwan fi hojjettoota misoomaa gidduutti** walitti **bu'iinsa uumamuu danda'u beekaa,** fkf bishaan geejibsuu irratti.

QABEENYA LAFA GAMMOOJJII 3: DHIMMOOTA QONNAA JALLISII IRRATTI XIYYEEFFATAMU

DIINAGDEE:

- ◊ Qabeenyi bishaanii fi diinagdee yeroo baayyee sadarkaan isaa ol ka'e tilmaamama
- ◊ Baasiin hojii gaggeessuu fi suphiinsaa fi bu'uuraalee misoomaa sadarkaan isaa gadi bu'ee tilmaamama
- ◊ Gatiin itti fayyadama amma jiruu (fkf horsiisni beeyladootaa) sadarkaa isaan gadi ta'e tilmaamama, deeggarsa muraasa argata.

QABEENYA NAANNOO:

- ◊ Manca'iinsa bishaanii
- ◊ Dhiqama biyyee
- ◊ Sogidda'uu
- ◊ Biyyee tuulamu
- ◊ Qabeenyi naannoo manca'uu
- ◊ Xaa'otiin summaa'uu

HAWAASUMMAA:

- ◊ **Enyutu itti fayyadama?**—warra lafa/kaappitaala/humna namaa baayyee qaban/dhiirota.
- ◊ **Enyutu dhaba?** –warra yeroo bonaa lafa akka iddoo dheedaaf fayyadaman.
- ◊ **Balaan ni dabalaa?**—balaa lolaa/gammoojjummaa/walitti bu'iinsa/gatii.)

AKKAMIIN FURAMUU DANDA'U?

- ◊ **Ummata wajjin karoorsaa,** akkasumas dudhaa fi filannoo mala jireenyaa isaanii kabajaa
- ◊ **Yeroo darbe irraa baradhaa,** gamaaggamaatii barumsa argame addaan baasaa**.**
- ◊ **Bu'aalee mala jireenyaa beeksisaa:** koriidaroota horsiisa beeyladootaa, xaa'o haftee biqiltootaa, dhokkee loonii.
- ◊ **Investimentii gahaa taasisaa:** humna namaa, daandii, geejibaa fi nageenya.
- ◊ **Kalaqa sammuu** naannoo gammajjiif tolu itti fayyadamuu.